مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# عقيدة الصلب بين بين المسيحية والإسلام

د.عبدالحميد أحمد أبو سليمان

# Kiristaanotaa fi Islaamota Biratti Amantaa/yaada Iisaan Fannifame Jedhu

Qopheessaan:
Dr. Abdulhamiid Ahmad Abuu Suleeymaan

Hiikaan:
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018

# عقيدة الصلب بين المسيحية والاسلام

## نحو حوار بناء وكلمة سواء

## د. عبدالحميد أحمد أبو سليمان

# Kiristaanotaa fi Islaamota Biratti Amantaa/yaada Iisaan Fannifame Jedhu


## Qopheessaan:
## Dr. Abduhamiid Ahmad Abuu Suleeymaan

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri



*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*



**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/51**

# Baafata

**Dursa ……………………….............................................3**
**Waliin Marii Kana Akkamitti Gaggeessina?...... 5**
**Qur’aanni Maaliif Aqiidaa Fannifamaa Faallessa?.......16**
**Dhimmoota Hundee Irratti Waldhabiinsi Hin Jiru …31**

## Dursa

Dhimmoota ija namaa hatan keessaa inni akka addaatti ilaalamu fi kan baay'inaan mul'atan keessaa inni guddaan wal dhabiinsa hordoftoota amantii Kiristaanaa fi Islaamaa jiddutti waa'ee fannifamuu fi fannifamuu dhabuu nabi Iisaa irratti uumamuudha. Akkuma hordoftoonniamantii Kiristaanaa Iisaan nuuf jedhee fannifame, nuuf lubbuu isaa wareege, kuni jaalala inni nuuf qabu mul'isa jedhaniin; hordoftoonni amantii Islaamaa immoo kuni jallinaa fi oduu kijibaati jechuudhaan baay'ee mormu.

Namni karaa dabru tokko waldhabiinsa jidduu hordoftoota amantii kanaa yeroo dhageeffatu, galteen argame kun isa bu'a qabeessa yookiin miidha qabeessas ta'u waldhabiinsa kanaaf hiika nama amansiisuu fi gahaa ta'e hubachuu hin danda'u.

Waldhabbiin kun hariiroo seenaa hordoftoota amantii lamaanii jiddutti yeroo dheeraaf ture irratti yoo kan itti fufu ta'e, yoo hundeen waldhabiinsa hordoftoota amantii lamaanii dhimma kana irratti jedhamee kan fudhatamu ta'e, akka namoonni hedduun kuni dhimma baay'ee salphaadha jedhanii ilaalan sanitti salphisuun hin danda'amu.

Akkasumas bifa gadi bu'iinsa qabuun qorannoo baay'ee cimaa ta'e gaggeessinu malee ijjannoo cimaan qaama kanatu yookiin qaama santu sirriidha jennee jala murree dubbachuu hin dandeennu. Keessattuu ijjannoon Qur'aanni yaada fannifamuu mormu amantii Kiristaanaatiif qabu, ijjannoo amantii jaraa kana amantii Rabbiin irraa dhufe jedhuu fi kabajaa fi jaalala guddaa nabi Iisaa ilma Maryamaa fi haadha isaa tan badii sagaagalummaa irraa walaba taateef qabu waan ta'eefi.

Hariiroo dimshaashawaa fi qaroomawaa Qur'aanaa fi hariiroo qaroomawaa ilma namaa kan Muslima ta'ee fi mit-Muslima ta'e jidduu jiru beekuu yoo barbaanne, waldhabiinsa fannifamiinsaa kan baay'ee cimaa ta'e kana kaasuu ni dandeenna. Waldhabiinsa kanas kan kaafnuuf dhimmichi nama hunda biratti akka qayyabatamuu fi hordoftoota amantii lamaanii jiddutti waliin marii bu'a-qabeessa ta'e irra gayuufi.

Amantiileen lammanuu kunniin addunyaa ammayyaa keessatti amantii baay'ee guddaa ta'eedha. Lameenii bifa adda ta'een qaroomina ilmi namaa hanga har'aatti seenaa isaa keessatti dabarseef bu'uura guddaadha. Kanaafuu dhimma kana sirritti qorachuu qabna, yaada fannifamuu jedhu kana irratti bifa sirrii fi gadi bu'iinsa qabuun ibsa godhuu qabna, dhimmicha bakkaa fi akka isaan malutti kaayuun gama hariiroo walitti dhufeenyaa fi waliin mariibu'a qabeessa jidduu amantii lamaanii cimsuutti geessutti ceessisuu qabna.

Wanti yeroo baay'ee waldhabiinsi jidduu amantiilee lameen kanaatti uumamuuf sababa hordoftoonni gama lameeniituu dhimmicha gadi bu'iinsaan qayyabachuu dhabanii, yaada qaamni tokko jedhe maaliif jedhe laata jedhanii wal hubachiisuu dhabaniifi. Kan dhimmicha kana caalatti cimsee walitti dhufeenyaa fi walqayyabatiinsa dhabamsiise qeeysonni Kiristaanotaa amantii Islaamaatiif qaama seera qabeessa ta'uu isaa mirkaneessuufi diduu isaaniiti. Sababa kanaaf jaarraa jiddu-galeessa Awurooppaanotaa irraa eegalee diinummaa fi jibbansa amantii kanaaf qaban filachuun itti fufaa jiru.

Kanuma waliinuu wanti nuti beekuu qabnu dhimma kana irratti waliin marii gaggeessuu fi hoogganuun itti

gaafatamummaa Muslimootaati. Nuti warra ergaa Rabbii guddaa baatee deemu waan taaneef, ergaan amantii keennaa immoo addunyaa guutuuf waan ta'eefi, akkasumas ergaa dhumaa isiin booda ergaan biraa hin dhufne waan ta'eef, hariiroo cimaa mirkaneessuun, qaamota biraa (kiristaanota) waliin balbala waliin marii bu'a-qabeessa ta'ee banuun nu hunda irraa eeggama.

## Waliin Marii Kana Akkamitti Gaggeessina?

Dhimma baay'ee yaaddessaa ta'e kana irratti seera waliin marii sirreessuuf tarkaanfiin inni jalqabaa akkaataa Qur'aanni kabajamaan dhimma kana itti dhiyeesseen ta'uu qaba. Jalqabumaa dhimmichi kun kan ka'e Qur'aana keessatti waan ta'eef, waliin marii Kiristaanota waliin goonu irratti bifa dimshaashawaa fi hunda qixxisaa ta'een yaadicha dhiyeessuufi qabna. Hunda durayyuu akkaataa dhiyeeffama dhimmichaa, kaayyoo fi galma isaa akkaataa bakkaa fi yeroo Qur'aanni itti fedhe saniin qayyabachuu qabna.

Waldhabiinsa amantiilee lamaan jidduu jiru kan jaarraa torbaffaa irraa eegalte hanga ammaatti itti fufaa jirtu kana ilaalchisee, biyyoonni Awurooppaa garri caaluu kiristaanummaa akka amantiitti itti amanaa hin jiran. Isaan akka warra amantii hin qabneetti fudhatamu. Haa ta'u garuu duula kolonii isaanii keessatti amantii kana dahoo godhachuun miidhaa guddaa ummata irraan gayaa turan. Kuni dhugaa ta'uu isaa duula amantii nama jijjiirsisuu isaan godhaa turanii fi godhaa jiran irraa qayyabachuu dandeenna.

Akkasumas kabaja amantii Islaamaa xinneessuu, olola hin taane isa irratti odeessuu, dhageettii isaa fi maqaa isaa xureessuu

itti fufanii jiru. Kun immoo Muslimoota gar-malee dallansiisuun akka amantii kiristaanaa kana jibbanii fi kabaja isaaf akka hin qabaanne isaan taasisee jira. Kanaafuu wanti asitti kaasuu qabnu, waldhabiinsi waggoota dheeraaf jidduu hordoftoota amantii lamaanii jiddutti ka'e kun waldhabiinsuma dhugaatii yaada jedhuudha.

Qur'aanni kabajamaan itti dabaliinsaa fi irraa haqiinsa amantiin kiristaanotaa saaxilameef kana sirritti mormuun sirreeffama jiruu fi jiraachuu qabu ifa godhee jira. Keessattuu waa'ee nabi Iisaa akka Rabbiitti fudhachuu fi inni fannifamee jira jedhu irratti sirreeffama kennee jira. Akkasumas iddo bu'eewwanii fi qayyabannaalee amantii kana keessa jiranis ibsee jira.

Ammas wanti nuti of/wal gaafachuu qabnu waldhabiinsi jidduu amantii Islaamaa fi Kiristaanaa kun kan fuulleffatu iddo bu'eewwan Kiristaanotaa dhabamsiisuufi? Kaayyoon amantii Islaamaa fi ijjannoon Muslimootaa iddo bu'eewwan amantii kiristaanaa kana maqaa balleessuu fi kabaja isaanii xinneessuudhaa? Moo dhimmichi yoo dhugaan gadi qabanii ilaalan kana caalaa kan baay'ee guddaa ta'e wayiiti? Dhugaa dhimmichaa kan dhooyse wal'aansoo baay'ee cimaa dhufee, waldhabdoota akka isaan dhugaa hin argine godhe kanaa?

Yoo hiikkaan Qur'aanaa dhugumaan kan gadi bu'iinsa qabu, ergaan Qur'aanni dhimma wayiititti fedhe baay'ee guddaadha, akkaataan inni dhimma tokko itti dhiyeessu bal'aadha, qaamota/namoota birootiif irra dabruufii/dhiifama godhuufitti nama ajaja jennee yoo kan amannu ta'e, akkaataa Qur'aanni dhimmicha kana itti dhiyeesse irra deebinee hubachuu qabna.

Akkaataa qaamonni biraa dogongoraan Qur'aana itti hubatan sirreessuu qabna.

Kanas godhuu kan dandeennuun dhimma kana irratti dhiyeessa Qur'aanni godhe kana hunda walitti qabnee, Qur'aanni jala sararee dhimma kanatti waan kana fedhe jennee beekuu qabna. Akkasumas ijjannoon Qur'aana kabajamaa dhimma nabi Iisaan fannifame jedhu irratti ijjannoo cimaa asii fi achi hin jenne qaba, sirrittis akka inni hin fannifamin jala sararee hima.

Kana irratti dhugaan ifa jiru, Qur'aanni kabajamaan yeroo amantii fannifamiinsaa kana mormu, diinummaa kiristaanotaaf qabaachuufi miti. Inumayyuu Qur'aanni nabi Iisaa fi haadha isaa irraa olola irratti odeeffamu irraa ittisa, maqa balleessaa fi kijiba warroota dabranii fi kanneen dhufaa jiran irraa isaan irratti gaggeeffamaa turee fi gaggeeffamuuf deemu hunda morma.

Kana hunda caalaa kan nama dinqisiisu, amantiin Islaamaa yeroo jalqaba dhufu ollaa Araboota boca dhagaa fi mukaa gabbaranii kanneen waa'ee amantii Kiristaanotaa irraa hubannaa wayiituu hin qabnee qubatuu isaati. Osoo amantiin Islaamaa maqa-xureessiif kan deemu ta'ee silaa Araboota kana biratti amantii Kiristaanaa maqaa balleessa ture.

Garuu dhugaan Qur'aana keessa jiru faallaa kanaati, innis raajiiwwanii fi wantoota dadhabsiisoo ilmi namaa gochuu hin dandeenne, kan nabi Iisaan hojjate hunda dubbata. Akkaataan dhaloota isaa raajii ta'uu, Rabbitti gargaarsifatee nama du'e jiraachisuu isaa fa'a dubbata. Osoo amantiin Islaamaa diinummaa horachuu fi cimsuuf ka deemu taatee, osoo kijibaa fi dhara nama irra kaayuun galma isaa ta'ee, silaa dhugaa jiru kanniin Qur'aana isaa keessatti hin dubbatu ture.

Kana irratti Rabbiin akkana jedha:

﴿ وَإِذۡ قَالَتِ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ يَٰمَرۡيَمُ إِنَّ ٱللَّهَ ٱصۡطَفَىٰكِ وَطَهَّرَكِ وَٱصۡطَفَىٰكِ عَلَىٰ نِسَآءِ ٱلۡعَٰلَمِينَ ٤٢ ﴾ آل عمران: ٤٢

*[(Yaadadhu yaa ergamaa kiyya Muhammad) yeroo Malaa'ikoonni Maryamaan jedhan: Rabbiin si filatee jira, si qulqulleessee jira, dubartoota addunyaa hunda irra si filatee jira] (Aala Imraan: 42).*

﴿ إِذۡ قَالَتِ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ يَٰمَرۡيَمُ إِنَّ ٱللَّهَ يُبَشِّرُكِ بِكَلِمَةٖ مِّنۡهُ ٱسۡمُهُ ٱلۡمَسِيحُ عِيسَى ٱبۡنُ مَرۡيَمَ وَجِيهٗا فِي ٱلدُّنۡيَا وَٱلۡأٓخِرَةِ وَمِنَ ٱلۡمُقَرَّبِينَ ٤٥ وَيُكَلِّمُ ٱلنَّاسَ فِي ٱلۡمَهۡدِ وَكَهۡلٗا وَمِنَ ٱلصَّٰلِحِينَ ٤٦ قَالَتۡ رَبِّ أَنَّىٰ يَكُونُ لِي وَلَدٞ وَلَمۡ يَمۡسَسۡنِي بَشَرٞۖ قَالَ كَذَٰلِكِ ٱللَّهُ يَخۡلُقُ مَا يَشَآءُۚ إِذَا قَضَىٰٓ أَمۡرٗا فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُۥ كُن فَيَكُونُ ٤٧ وَيُعَلِّمُهُ ٱلۡكِتَٰبَ وَٱلۡحِكۡمَةَ وَٱلتَّوۡرَىٰةَ وَٱلۡإِنجِيلَ ٤٨ وَرَسُولًا إِلَىٰ بَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ أَنِّي قَدۡ جِئۡتُكُم بِـَٔايَةٖ مِّن رَّبِّكُمۡ أَنِّيٓ أَخۡلُقُ لَكُم مِّنَ ٱلطِّينِ كَهَيۡـَٔةِ ٱلطَّيۡرِ فَأَنفُخُ فِيهِ فَيَكُونُ طَيۡرَۢا بِإِذۡنِ ٱللَّهِۖ وَأُبۡرِئُ ٱلۡأَكۡمَهَ وَٱلۡأَبۡرَصَ وَأُحۡيِ ٱلۡمَوۡتَىٰ بِإِذۡنِ ٱللَّهِۖ وَأُنَبِّئُكُم بِمَا تَأۡكُلُونَ وَمَا تَدَّخِرُونَ فِي بُيُوتِكُمۡۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَةٗ لَّكُمۡ إِن كُنتُم مُّؤۡمِنِينَ ٤٩ ﴾ *آل عمران: ٤٥ - ٤٩*

*[(Yaadadhu yaa ergamaa kiyya Muhammad) yeroo Malaa'ikoonni Maryamaan jedhan: Rabbiin ilma jecha isaatiin argameen si gammachiisa, maqaan isaa Masiih ilma Maryami, jiruu duniyaa har'aatittii fi isa borii (ka aakiraatittis) baay'ee nama kabajamaa kan ta'ee fi nama Rabbitti dhiyaataa ta'e, kan yeroo daa'imummaa fi dargaggummaa isaatittis dubbatu (gara Rabbiitti nama yaamu), Maryamaan akkana jette: "Yaa Rabbi namni nan qunnamne (qunnamtii saalaa hin raawwanne)*

*akkamitti ilma argadha?", (Malaa'ikichi) akkana jedheen "Rabbiin waan fedhe uuma, yoo waa argamsiisuu fedhe waan saniin ta'i yoo jedheen inuma ta'a", Rabbiin barreeffama, hikmaa fi kitaaba Toowraatii fi Injiil isa barsiisa, ummata Israa'iilitti ergamaa goonee isa ergina, (innis yeroo jaratti dhaqu akkana jedhaan): "ani mallattoo Rabbii keessan irraa ta'e qabadhee isinitti dhufe, (mallattoon sunis) dhoqqee irraa boca Allaattii fakkaatu isinii uumee boca san yoo afuufu fedha Rabbiitiin Allaattii dhugaa ta'a, nama yeroo dhalatu ija hin qabne, kan barasoo qabu fedha Rabbiitiin ni fayyisa, nama du'e fedha Rabbiitiin ni jiraachisa, waan isin nyaattanii fi waan isin mana keessan keessatti kuufattan hunda isiniif hima, mallattooleen kunniin yoo kan Rabbitti amantan taate mallattoo (nabiyyummaa kiyya ibsaniidha) ] (Aala Imraan: 45-49).*

﴿ مَا كَانَ لِلَّهِ أَن يَتَّخِذَ مِن وَلَدٍۖ سُبۡحَٰنَهُۥٓۚ إِذَا قَضَىٰٓ أَمۡرًا فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُۥ كُن فَيَكُونُ ٣٥ ﴾

مريم: ٣٥

*[Rabbiif hin gayu (uumaa isaa keessaa) nama tokko akka ilmaatti oolfachuun, Rabbiin waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaayaadha, wanta tokko yoo murteessu akkas ta'i yoo jedheen battalumatti ta'a] (Maryam:35).*

﴿ يَٰٓأَهۡلَ ٱلۡكِتَٰبِ لَا تَغۡلُواْ فِي دِينِكُمۡ وَلَا تَقُولُواْ عَلَى ٱللَّهِ إِلَّا ٱلۡحَقَّۚ إِنَّمَا ٱلۡمَسِيحُ
عِيسَى ٱبۡنُ مَرۡيَمَ رَسُولُ ٱللَّهِ وَكَلِمَتُهُۥٓ أَلۡقَىٰهَآ إِلَىٰ مَرۡيَمَ وَرُوحٞ مِّنۡهُۖ فَـَٔامِنُواْ بِٱللَّهِ وَرُسُلِهِۦۖ وَلَا
تَقُولُواْ ثَلَٰثَةٌۚ ٱنتَهُواْ خَيۡرٗا لَّكُمۡۚ إِنَّمَا ٱللَّهُ إِلَٰهٞ وَٰحِدٞۖ سُبۡحَٰنَهُۥٓ أَن يَكُونَ لَهُۥ وَلَدٞۘ لَّهُۥ مَا فِي
ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِۗ وَكَفَىٰ بِٱللَّهِ وَكِيلٗا ١٧١ لَّن يَسۡتَنكِفَ ٱلۡمَسِيحُ أَن يَكُونَ عَبۡدٗا

لِلَّهِ وَلَا ٱلْمَلَٰٓئِكَةُ ٱلْمُقَرَّبُونَۚ وَمَن يَسْتَنكِفْ عَنْ عِبَادَتِهِۦ وَيَسْتَكْبِرْ فَسَيَحْشُرُهُمْ إِلَيْهِ جَمِيعًا

﴿١٧٢﴾ ﴾ النساء: ١٧١ - ١٧٢

*[Yaa warra Kitaabaa (Yahuudaa fi Kiristaanota) amantii keessan keessatti daangaa hin dabrinaa, dhugaa malee dhara Rabbiin irra hin kaayinaa. Al-Masiih Iisaan ilmi Maryamaa ergamaa Rabbiiti, inni jecha Rabbiin gara Maryamaatti darbeedha (ta'i jennaan ta'e), Rabbii fi ergamaa isaatti amanaa, Rabbi sadi hin jedhinaa (Rabbiin Iisaa fi Maryamiin itti hin dabalinaa), jecha kana dhiisutu isiniif caala. Rabbiin tokkicha, inni ilma argachuu irraa qulqullaayaadha, cufti wanta samii fi dachii keessa jiruu isaafi, Rabbiin irratti geeffachuun gayaadha. Masiih fi Malaa'ikoonni Rabbitti dhiyoo jiranis wanti isaan gabroota Rabbii ta'uu irraa isaan dhoorgu hin jiru] (Annisaa'u: 171-172).*

Inumayyuu Qur'aanni kabajamaan warroota kitaaba kennaman fi hordoftoota kiristaanaa irraa namoota gaggaarii ni kabaja. Kana irratti Rabbiin Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿ ۞ لَيْسُوا۟ سَوَآءًۗ مِّنْ أَهْلِ ٱلْكِتَٰبِ أُمَّةٌ قَآئِمَةٌ يَتْلُونَ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ ءَانَآءَ ٱلَّيْلِ وَهُمْ يَسْجُدُونَ

﴿١١٣﴾ يُؤْمِنُونَ بِٱللَّهِ وَٱلْيَوْمِ ٱلْءَاخِرِ وَيَأْمُرُونَ بِٱلْمَعْرُوفِ وَيَنْهَوْنَ عَنِ ٱلْمُنكَرِ وَيُسَٰرِعُونَ فِى

ٱلْخَيْرَٰتِ وَأُو۟لَٰٓئِكَ مِنَ ٱلصَّٰلِحِينَ ﴿١١٤﴾ وَمَا يَفْعَلُوا۟ مِنْ خَيْرٍ فَلَن يُكْفَرُوهُۗ وَٱللَّهُ عَلِيمٌۢ

بِٱلْمُتَّقِينَ ﴿١١٥﴾ ﴾ آل عمران: ١١٣ ــ ١١٥

*[(Warroonni kitaaba kennaman hundi) wal-qixaa miti, isaan keessaa ummata dhugaa irratti gadi dhaabbatoo ta'an, kan halkan Qur'aana Rabbii dubbisaa bulanii fi sujuuda irra bulantu*

*jira. Rabbii fi guyyaa dhumaatti ni amanu, waan gaggaaritti nama yaamu, wantoota fofokkuu irraa nama seeru, dalagaalee babbareeda dalaguu irratti ni ariifatu. Jarri akkasii sunniin namoota gaggaariidha. Dalagaan gaggaariin isaan dalagan kamiyyuu jalaa hin balleeffamu (ol kaayamaaf), Rabbiin namoota dhugumaan isatti amanan ni beeka] (Aala Imraan: 113-115).*

قَالَ تَعَالَىٰ: أَعُوذُ بِٱللَّهِ مِنَ ٱلشَّيْطَٰنِ ٱلرَّجِيمِ ﴿ ثُمَّ قَفَّيْنَا عَلَىٰٓ ءَاثَٰرِهِم بِرُسُلِنَا وَقَفَّيْنَا بِعِيسَى ٱبْنِ
مَرْيَمَ وَءَاتَيْنَٰهُ ٱلْإِنجِيلَ وَجَعَلْنَا فِى قُلُوبِ ٱلَّذِينَ ٱتَّبَعُوهُ رَأْفَةً وَرَحْمَةً وَرَهْبَانِيَّةً ٱبْتَدَعُوهَا مَا
كَتَبْنَٰهَا عَلَيْهِمْ إِلَّا ٱبْتِغَآءَ رِضْوَٰنِ ٱللَّهِ فَمَا رَعَوْهَا حَقَّ رِعَايَتِهَا ۖ فَـَٔاتَيْنَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ مِنْهُمْ أَجْرَهُمْ ۖ
وَكَثِيرٌ مِّنْهُمْ فَٰسِقُونَ ﴿٢٧﴾ ﴾ الحديد: ٢٧

*[Eega sanii booda (faana nabi Nuuhii fi Ibraahiim booda) ergamtoota biraa itti aansinee jirra, isaanittis Iisaa ilma Maryamaa aansine, kitaaba Injiil jedhamu isaaf kennine, onnee namoota isa hordofanii keessatti gara laafinaa fi waliif mararfannaa uumne] (Al-Hadiid: 27).*

﴿ ۞ وَلَا تُجَٰدِلُوٓا۟ أَهْلَ ٱلْكِتَٰبِ إِلَّا بِٱلَّتِى هِىَ أَحْسَنُ إِلَّا ٱلَّذِينَ ظَلَمُوا۟ مِنْهُمْ ۖ وَقُولُوٓا۟ ءَامَنَّا بِٱلَّذِىٓ
أُنزِلَ إِلَيْنَا وَأُنزِلَ إِلَيْكُمْ وَإِلَٰهُنَا وَإِلَٰهُكُمْ وَٰحِدٌ وَنَحْنُ لَهُۥ مُسْلِمُونَ ﴿٤٦﴾ ﴾ العنكبوت: ٤٦

*[warra kitaabaa (yahuudaa fi Kiristaanota) bifa gaarii ta'een malee isaan hin morminaa, yoo isaan keessaa warroota jallatanii (karaa Rabbii didan ta'e malee), kitaaba nu irratti buufamee fi kitaaba isin irratti buufameetti amanne jedhaan, Rabbiin keennaa fi Rabbiin keessanis tokkicha, nuti isaaf masakamoodha jedhaan] (Al-Ankabuut: 46).*

Osoo dhimmichi dhimma maqa balleessaa fi gurra xureessa ta'ee, silaa Qur'aanni kabajamaan afaan Arabaatiin bu'e kan Araboota boca dhagaa fi mukaa gabbaran kanneen dubbisuu fi barreessuu hin dandeenne irratti bu'e kun himannaa raajeffannaa kiristaanota irratti morma ture. Raajii namni ijaan argu malee yookiin harkaan tuqee qabatu malee hin dhugoomsine yookiin itti hin amanne san silaa ni kijibsiisa ture.

Namoonnummaan ilmaan Israa'iil ta'aniyyuu, kanneen raajii san ija ofiitiin arganiyyuu raajichaa fi nama raajii san argisiise (*Iisaa*) hunda kijibsiisan. San qofatti hin dhaabanne, ergamaa kiristaanotaa fi hordoftoota isaatti hanqinoota irratti tarreessuu, dhara/shira jara irratti xaxuu fi maqaa isaanii xurreessuu itti fufan.

Kanaafuu wanti dhugumatti nama dinqisiisu, Qur'aanni kabajamaan raajii dinqisiisaa ta'e kana akkuma jirutti Kiristaanotaaf himuudha. Sanuma waliinuu yaada fannifama nabi *Iisaa* fi inni Rabbijedhamee odeeffamu san garuu cimsee morma. Amantiin fannifamaa kun nabi *Iisaan*cubbuu fi badii abbaan ilma namaa *Aadam* dalagee fi miidhaa fi cubbuu horteen isaa dalagan hundaaf araaramaa fi dhiifama isaanii haa ta'uuf of wareege jedha.

Namni Araba ta'ee amantii Kiristaanotaa balleessuu barbaade, silaa himannaa raajii fi waan dadhabsiisaa nabi *Iisaan* dalage san irratti morma yookiin kijibsiisa tureeyyu. Keessattuu ilmaanuma Israa'iil keessaa namoonni kijibsiisa kanas isa deeggaran hedduun waan jiraniif silaa ni faallessa ture. Kanaafuu osoo akkas godhuu fedhee amantiin Islaamaa silaa jalqaba nama nabi *Iisaa*, ergaa inni dhufeenii fi raajiiwwan inni dalage san falmuuti.

Dhugaan jirus kan raggaasisu namni waa diiguu fi maqaa namaa balleessuu barbaadu, namni diinummaa namaa qabuu fi nama waanyu dhugaa fi gaarummaa namni sun qabu hin raggaasisu.

Nabiyyiin Islaamaa fi seenaan nuti isa irraa beeknu, Qur'aanni fi keeyyatoonni raajii isaa ibsan kan nuti dubbisnu dogongora fokkisaa akkanaa kanaaf yoomiyyuu hin saaxilaman. Dogongorri kun nama sammuu qabu jalaa waan dhokatuu miti. Akkasumas safuulee haqqummaa, walqixxummaa fi waliif mararfannaa Qur'aanni itti nama yaamu faallessa. Haqqummaan kunis raajiiwwan argaman sana raggaasisuu fi amantii fannifamuu nabi Iisaa immoo guututti mormuudha.

Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ هُوَ ٱلَّذِىٓ أَرۡسَلَ رَسُولَهُۥ بِٱلۡهُدَىٰ وَدِينِ ٱلۡحَقِّ لِيُظۡهِرَهُۥ عَلَى ٱلدِّينِ كُلِّهِۦ وَلَوۡ كَرِهَ ٱلۡمُشۡرِكُونَ ﴿٣٣﴾ ﴾ التوبة: ٣٣

*[Rabbitu ergamaa isaa qajeellumaa fi amantii dhugaatiin isinitti erge] (Attowbaa:33).*

﴿ أَفَمَن يَهۡدِىٓ إِلَى ٱلۡحَقِّ أَحَقُّ أَن يُتَّبَعَ أَمَّن لَّا يَهِدِّىٓ إِلَّآ أَن يُهۡدَىٰۖ ﴿٣٥﴾ ﴾ يونس: ٣٥

*Kan karaa dhugaatti nama qajeelchutu hordofamuu haqa godhata moo isa haga karaa dhugaatti isa qajeelchanitti ofii beekee hin qajeelleedha] (Yuunus: 35).*

﴿ ۞ وَإِذَا حَكَمۡتُم بَيۡنَ ٱلنَّاسِ أَن تَحۡكُمُواْ ﴿٥٨﴾ ﴾ النساء: ٥٨

*[Jidduu namootaatti yeroo murtii kennitan bifa walqixxummaa eeggateen murteessaa] (Annisaa'u: 58).*

﴿ ٱللَّهُ ٱلَّذِىٓ أَنزَلَ ٱلْكِتَٰبَ بِٱلْحَقِّ وَٱلْمِيزَانَ ﴾ الشورى: ١٧

*[Rabbiin dhugumaan kitaabaa fi madaala dhugaa buuse] (Ashuuraa:17).*

﴿ فَقُلْ سَلَٰمٌ عَلَيْكُمْ كَتَبَ رَبُّكُمْ عَلَىٰ نَفْسِهِ ﴾ الأنعام: ٥٤

*[Nageenyi isin irratti haa jiraatu jedhiin, Rabbiin akka isiniif mararfatu of irratti dirqama godhee jira] (Al-An'aam).*

﴿ وَمَآ أَرْسَلْنَٰكَ إِلَّا رَحْمَةً لِّلْعَٰلَمِينَ ﴾ الأنبياء: ١٠٧

*[Nuti akka ati addunyaa kanaaf mararfataa taatuufi malee waan biraatiif si hin ergine (yaa Muhammad)] (Al-Anbiyaa'u: 107).*

Ergaan dhugaa Qur'aanni kabajamaan dhimmoota yeroo hedduuf waldhabiinsi, wal jibbiinsi fi diinummaan guddaan hordoftoota amantiilee lamaanii jiddutti uumamu ilaalchisee dabarsu isa kana caalaa guddaadha.

Dhimmichi yoo gubbaa isaa kana ilaallu akka hordoftoonni amantii kiristaanaa fakkeessanitti, amantiin Islaamaa yeroo yaada fannifamuu nabi Iisaa kana mormu, yaada kiristaanonni inni nuuf jedhee lubbuu ofii wareege, wanni inni lubbuu isaa wareegeef dogongorri gaafa duraa nabi *Aadam* dalagee jedhe ilma namaa isaan booda dhufe hunda waliin geettee namuu cubbuu of irraa waan qabuuf akka isaaniif araarama ta'uuf lubbuu isaa wareege; kanaafuu Islaamni yeroo yaada kana mormu afuura wal-jaalalaa, waliif wareegamuu, irra walii dabruu fi dhiifama walii godhuu faallessa jedhanii fudhatu.

Wantoota jedhaman kana ilaaluun alatti, namni haguma muraasa wayii beekkumsa Qur'aanaa qabu tokko, yoomiyyuu yaada Qur'aanni kabajamaan afuura wal-jaalalaa, waliif

wareegamuu, irra walii dabruu fi dhiifama walii godhuu faallessa jedhee hin fudhatu.

Kanaafuu dhimmicha kana gadi bu'iinsaan qayyabachuuf, keeyyatoota Qur'aanaa kabajamoo bifa dimshaashawaa ta'een ilaaluun, ilaalcha inni amantii Kiristaanaatiif, nabi *Iisaa* fi yaada inni fannifamee jira jedhu kanaaf qabu sirritti hubachuun dirqama ta'a. Yeroo hubannaa kana goonu kallattiidhaan keeyyatoota Qur'aanaa qayyabachuuf yaaluu qabna malee, oduulee Israa'iiliyyootaa, didiinsa Yahuudonni amantii kiristaanaatiif qabanii fi maq-balleessii isaan nabi *Iisaa* irratti oofan irraa ka'uu hin qabnu.

Wanti ifa galaa ta'e amantiin Islaamaa amantii Kiristaanaatiif beekkamtummaa ni kenna, isas ni kabaja, nabi Iisaas ni kabajuun isaa fi haadha isaatiifis bakkee guddaa kenna. Nabi Iisaa ergamaa Rabbii amanamaa jedhee ibsa, isas ni dhugoomsa, olola isa irratti odeeffamu irraa deebisa, ergaa inni ittiin dhufe kan tola ooliinsa, gara laafinaa fi wal-jaalalatti yaamtus ni kabaja.

Kanaafuu, iddoon amantiin lamaan itti waldhabiinsaa fi seeteef itti saaxilaman eessa ree? Wanti guddaan beekamuu qabu, amantiin Islaamaa yeroo yaada/aqiidaa fannifamuu jedhu mormu, galteen fannifamiinsaa hin argamne jechuu isaatii miti. Fannifamiinsa dhugumaan argame, itti yaadamee ajjeesuuf godhames. Garuu wanti amantiin Islaamaa jala sararee himu nabi *Iisaan* fannifamee hin duune. Kana jechuun ibsa Qur'aanaa keessatti nabi *Iisaan* fannoo irra hin kaayamne jechuu miti. Garuu wanti Qur'aanni jedhu nabi *Iisaan* fannoo irra kaayamus, fannoo san irratti fannifamee hin duune kan jedhuudha.

Kanaafuu wareegamni jedhamu sun hin argamne. Dhimmi guddaan asitti kaafamus dhimma fannifamiinsi argame jedhuu miti. Dhimmi guddaan wanti namoonni nabi Iisaa fannisanii ajjeesaniif sababa cubbuu Aadamii fi ilmaan isaa dalagde irraa haquuf godhame kan jedhuudha, fannifamiinsi Iisaa jaalala harkisuufi, tooftaa araarama isaatti nama geessuudha, akka inni namaaf araarama godhe mul'isa yaada jedhuudha. Kuni immoo wanta hin argamini. Kanaafuu amantiin fannifamatti amanuu amantii ololaati, dharaa fi oduu walitti laaquu irratti kan bu'uureffameedha.

Yakki guddaan ilmi namaa raawwatee fi irra badaan yakkaa namoonni itti yaadanii nabi *Iisaa* ajjeessuudha yaanni jedhu hordoftoota kiristaanaa biratti kuni tooftaa dhiifamaa fi araaramni Rabbii yakka jalqabaa namni raawwateef namaa godhuudha jechuun itti amanu. Hordoftoonni kun haala beekaniin ykn osoo hin beekne itti yaadamee akka Iisaan yaamicha amantii dhugaa bakkaan hin geenne isa fashaleessuuf yaaliin ajjeechaa akka irratti raawwatame hin amanan. Kan caalatti nama ajaa'ibu jaalalaa fi araarama cubbuu ummataatiif jechuu isaaniiti.

### Qur'aanni Maaliif Aqiidaa Fannifamaa Faallessa?

Wiirtummaa walqixxummaan madaala ergaa Rabbiin biraa dhufee keessattuu madaala amantii Islaamaa fi madaala Qur'aanaa biratti qabu osoo sirritti qayyabannee, sababni amantiin Islaamaa dhimma kana mormuuf maaliif akka ta'e beekuun nuuf salphata. Bu'uura madaala kanaa irraa kaanee yaanni cubbuu yakka guddaa raawwatame nama irraa haquufi

jedhu kan amantii fannifamiinsaa biratti beekamu kuni ragaa Qur’aanaa fi madaala isaatiin wal-faallessa.

Maaliif yoo jenne, yaanni kun walqixxummaa Rabbii guddaa faallessa, akkasumas kaayyolee ergaa samii irraa dhufanii fi tooftaalee ergaan kun ilma namaa qajeelchuu fi gadi dhaabuuf dhimma itti bayaniin wal-faallessa.

Madaala walqixxummaa biratti araaramni yakka guddaa raawwatame deeggaruunii miti. Yoo akkas ta’uu baate Rabbiin maaliif nama yakka jalqabaa hojjatetti dallane ree, inumayyuu dallansuun Rabbi nama yakka jalqabaa hojjatetti dallane nama san bira taree hortee isaan booda dhufanis qaqqabe maaliif jedhame ree?

Akka qayyabannaa ilma namaatti walqixxummaan araaramiinsaa waa afur keessaa isa tokkoon malee hin argamu:

- Yakka raawwataniif adabbiin nama irratti raawwatamee araaramni argamuu;

- Namni yakkicha raawwate sun dalagaa gaarii fi tola ooliinsaan Rabbitti dhiyaatuu;

- Namni sun toowbatee Rabbiin irraa araarama barbaaduu fi

- Qaamni yakki irratti raawwatame sun, fedhii isaatiin osoo qaamni yakka raawwate dhiifama isa hin gaafatin ofumaa dhiifama godheefi irra dabruudha.

Dhiifamni fi araaramni didiinsa, nama miidhiinsaa fi yakka dabalataatiif kan nama kakaasu ta’uun immoo amala walqixxummaatii miti. Akkasumas tooftaa fudhatama qabu ykn nama amansiisus kan gorsa ykn ergaa wayiis namaa dabarsuu fi kan nama qajeelchus miti.

Qur’aanni kabajamaan nabi Iisaan hin duune akkasumas fannifamee hin ajjeefamne, dubbichatu namatti walfakkaate dhugaan jiru faallaa saniiti malee jedhee yeroo ibsu; oduu afuura walqixxummaa fi itti gaafatamummaa dhabamsiisu haasayuun hiika hin qabu. Kanaafuu Qur’aanni irra deebi’uun akka nabi Iisaan hin du’inii fi akka inni galtee fannifamaa saniin hin ajjeefamin, akka Rabbiin shira ilmaan Israa’iil isa irratti xaxan jalaa isa baase akkana jechuun hima:

﴿وَإِذۡ كَفَفۡتُ بَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ عَنكَ إِذۡ جِئۡتَهُم بِٱلۡبَيِّنَٰتِ فَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِنۡهُمۡ إِنۡ هَٰذَآ إِلَّا سِحۡرٞ مُّبِينٞ ١١٠﴾ المائدة: ١١٠

*[Yeroo ati ragaalee ifa galaa ta’aniin dhufte ilmaan Israa’iil irraa warri kafare kuni sihrii ifa galaadha yeroo siin jedhanii sirraa deebise dubbadhu] (Al-Maa’idaa: 110).*

﴿وَمَا قَتَلُوهُ يَقِينَۢا ١٥٧ بَل رَّفَعَهُ ٱللَّهُ إِلَيۡهِۚ ١٥٨﴾ النساء: ١٥٧ - ١٥٨

*[Dhugaan isa hin ajjeefne. Rabbiin isa gara ofiitti ol fuudheen] (Annisaa: 157-158).*

Yaaddan armaan olitti dhiyaatan kana irraa wanti ifa nuu ta’u, dhimma amantaa fannifamuu ilaalchisee waldhabiinsi fi walitti bu’iinsi jidduu Kiristaanotaa fi Islaamotaa jiru, walitti bu’iinsa hiikkaa tola ooliinsaa, irra walii dabruu fi dhiifama walii godhuutiin kan wal qabatee miti. Garuu waldhabiinsi jiru argamiinsa taatee saniitii fi ergaa isii ilaalchiseeti. Akkasumas waldhabiinsa akkaataa taatee san itti ibsanii fi ergaa taateen sun qabduuti.

Dhama dubbiitti yoo deebinu, amantiin Islaamaa kiristaanummaan yaamicha qulqulluu Rabbiin irraa dhufe jedhee

kabajuu isaa irratti mamiin wayiituu hin jiru, akkasumas tola ooliinsa, gara laafinaa fi irra walii dabriinsa yaamicha san keessa jirus ni kabaja. Kana irratti Qur’aanni kabajamaan akkana jedha:

﴿ وَلِنَجۡعَلَهُۥٓ ءَايَةٗ لِّلنَّاسِ وَرَحۡمَةٗ مِّنَّاۚ وَكَانَ أَمۡرٗا مَّقۡضِيّٗا ٢١ ﴾ مريم: ٢١

*[Mallattoo (tokkochummaa Rabbii mul’isu) kan namatti ergame fi mararfannaa nurraa ta’e isa goona, (dhalachuu fi ergamuun isaa) dhimma dur dhumate] (Maryam:21).*

﴿ فَقُلۡ سَلَٰمٌ عَلَيۡكُمۡۖ كَتَبَ رَبُّكُمۡ عَلَىٰ نَفۡسِهِ ٥٤ ﴾ الأنعام: ٥٤

*[Nageenyi isin irratti haa jiraatu jedhiin, Rabbiin akka isiniif mararfatu of irratti dirqama godhee jira] (Al-An’aam).*

﴿ وَمَآ أَرۡسَلۡنَٰكَ إِلَّا رَحۡمَةٗ لِّلۡعَٰلَمِينَ ١٠٧ ﴾ الأنبياء: ١٠٧

*[Nuti akka ati addunyaa kanaaf mararfataa taatuufi malee waan biraatiif si hin ergine (yaa Muhammad)] (Al-Anbiyaa’u: 107).*

﴿ وَجَعَلۡنَا فِي قُلُوبِ ٱلَّذِينَ ٱتَّبَعُوهُ رَأۡفَةٗ وَرَحۡمَةٗ ٢٧ ﴾ الحديد: ٢٧

*[Onnee namoota isa (Iisaa) hordofanii keessatti gara laafinaa fi waliif mararfannaa uumne] (Al-Hadiid: 27).*

﴿ ثُمَّ كَانَ مِنَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلصَّبۡرِ وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلۡمَرۡحَمَةِ ١٧ ﴾ البلد: ١٧

*[Sana booda warroonni Rabbitti amanan, kan dhugaa jirtu waliif dhaaman fi kan waliim mararfannaa waliif dhaaman jiru] (Al-Balad:17).*

﴿ وَقَوۡلِهِمۡ إِنَّا قَتَلۡنَا ٱلۡمَسِيحَ عِيسَى ٱبۡنَ مَرۡيَمَ رَسُولَ ٱللَّهِ وَمَا قَتَلُوهُ وَمَا صَلَبُوهُ وَلَٰكِن شُبِّهَ لَهُمۡۚ
وَإِنَّ ٱلَّذِينَ ٱخۡتَلَفُواْ فِيهِ لَفِي شَكّٖ مِّنۡهُۚ مَا لَهُم بِهِۦ مِنۡ عِلۡمٍ إِلَّا ٱتِّبَاعَ ٱلظَّنِّۚ وَمَا قَتَلُوهُ يَقِينَۢا ١٥٧ ﴾
النساء: ١٥٧

*[jechuu isaaniiti, nuti Iisaa ilma Maryamaa kan ergamaa Rabbii ta'e ajjeefnee jirra jedhu, garuu isas hin ajjeefnes hin fannifnes, isaanitti walfakkaate malee. Warroonnummaan isa ajjeefne jedhanuu waa'ee isaa kana irratti shakkii guddaa keessa jiru, waa'ee ajjeefamuu fi dhabuu isaa irratti odeeffannoo gahaa hin qaban mamii qofa jala deemu malee, dhugaan isa hin ajjeefne] (Annisaa:157).*[1]

---

[1] - Hiika sirrii keeyyata tanaa ilaalchisee akkaataa qayyabannaa keeyyata kanaaf qabu kan hiiktota Qur'aanaa hedduu irraa adda ta'e sirritti addaan baasee ibsuu barbaada. Dhimma waa'ee galtee nabi Iisaa isa keeyyata kana keessatti dubbatame irratti seer-luga afaan arabiffaa eeguu fi yoo ergaan dhokataan (soorgoon) itti fedhame hin jiraatin hiika kallattii jechootaas eeguun ibsa godhuuf yaala.

Seera afaan Arabiffaa kan keeyyata Qur'aanaa kabajamaa kanaan wal-qabatu keessaa inni tokko, yoo keeyyatichi hiika addaa itti fedhuu baate, mat-himni yeroo maraa gara jecha isatti dhiyoo jiruutti deebi'a.

Keeyyatichi kun kan ibsu, diinonni nabi Iisaa isa hin ajjeefne, hin fannisnes jedha. Kan asitti xiinxaluu qabnu keeyyanni kun jalqaba ajjeefamuu isaa dhabamsiifte, booda akka jarri isa hin fannisinis raggaasifte.

Ibsa keeyyata kanaa irraa wanti ifatti mul'atu, diinonni nabi Iisaa tooftaa fannisaatti fayyadamanii isa ajjeesuu akka barbaadaniidha. Sababa kanaaf tooftaan fannisiinsaa kan baay'ee miidhaa, ulfaataa fi doorsisa cimaa ta'e mul'isu asitti dubbatame.

Sana booda keeyyanni kun akka isaan dhugaan isa hin ajjeesin ibsiti. Hiika jechoota keeyyata kanaa gadi bu'iinsaan yoo xiinxallinu, keeyyatichi fannifamuu hin dhabamsiifne, ajjeefamuu isaa dhabamsiifte malee. Kan kana hunda caalu keeyyatichi dhuma irratti dhugaan hin ajjeefne yaada jedhu itti dabaleeyyu. Kuni kan ibsu yaanni isaan waan isa ajjeesan se'an sun sirrii ta'uu dhabuu isaati. Isaanitti fakkaate malee dhugaa ta'uu dhabuu mul'isa.

Keeyyanni kun hiika kana kan ibsu yeroo diinonni nabi Iisaa taatee/galtee isaa irratti waldhaban dubbachuuni: *(warroonni waa'ee ajjeefama isaa irratti waldhaban shakkii keessa jiru, beekkumsa hin qaban seetee/ta'uu hin ooltuu jala deeman malee). Kana jechuun dhimma kana irratti wanti isaan bira jiru hunduu beekkumsa dhugaa ykn isa sirrii miti seetee/ta'uu hin ooltuudha malee.*

*Namni gadi bu'iinsaan wantoota jarri ajjeefama nabi Iisaa irratti odeessan ilaale, akka olola walfaallessu, kan oduun gariin isa garii kijibsiiftu ta'uu ni hubata. Kuni immoo wanti inni mirkaneessu oduun isaanii sun seetee fi ta'uu hin ooltuu ta'uu isaa mul'isa.*

*Gaaffiin asitti ka'u: hiikkaan keeyyata Qur'aanaa (isaanitti fakkeeffame malee) jedhuu maali? Yaada waa'ee seer-luga afaan Arabaa jalqaba irratti dubbanneen walqabsiifnee, soogoo fi sorgoo akkasumas dhimma mat-himni gara jecha isatti dhiyoo jiruutti deebi'a jedhuun walqabatee, wanta keeyyata keessa hin jirre, kan hiikni isaa*

*ifa gala ta'ee qayyabannaa addaa hin feene alaa itti galchuun hin barbaachisu.*

*Seera armaan olii kana irraa ka'ee goolabni ani irra gaye, wanti diinota nabi Iisaa fannisanii ajjeesuuf yaalaniitti isaanitti walfakkeeffame fannoo irratti du'uu/ajjeefamuu isaati. Wanti kana jedheefis dhugumatti nabi Iisaan hin ajjeefamne, kuni wanta sammuunis fudhattu.*

Akkasumas ani Qur'aana kabajamaa keessatti, keeyyata dubbanne kanaa fi isa biraa keessattis yaada odeessitoonni ilmaan Israa'iil fi kiristaanotaa Yahuuzaa ykn nama biraa kan nabi Iisaa fakkaatutu isa irraa bakka bu'ee ajjeefame jedhu hin argine.

Kan baay'ee nama gaddisiisu, mufassiroonni gurguddaan fi bebeekkamoon hedduun durii fi ammaas kan akka Qurxubii, Ibnu Kasiir fi tafsiirri manaarii fi kan biro seenaa Qur'aana keessatti dubbatame kanneen nabiyyootaa fi ergamtoota duriitiin walqabatan beekuuf gara kitaabban Yahuudotaa fi kiristaanotaa deebi'anii dubbisuu isaaniiti.

Garuu Qur'aanni kabajamaa fi ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* kan nu ajajan dhimmoota kana fakkaatan irratti wanta Qur'aana keessatti dhufe irratti geeffachuu fi wanta Qur'aanni itti qajeelche hubachuu akka qabnuudha. Ololа kitaabonni jaraa odeessan keessattuu kan Israa'iliyyaatti deebi'uu irraa seeramnee jirra.

Barreeffamni kitaabota jaraa hedduun dhuga qabeessaa miti. Seenaa nabiyyoota isaanii geeddaranii, nabi Iisaaf diina ta'anii, haadha isaa kabajamtuu badii irraa qulqullooftuu taate maqaa isii xureessanii waan jedhaniif dhugaa irraa kan fagaataniidha. Rabbiin ol'aanaan Qur'aana isaa kabajamaa keessatti akkana jedha:

﴿ مَّا فَرَّطْنَا فِي الْكِتَابِ مِن شَيْءٍ ۚ (٣٨) ﴾ الأنعام: ٣٨

*[Qur'aana keessatti wanti osoo hin dubbatamin hafe hin jiru] (Al-An'aam:38).*

﴿ تِبْيَانًا لِّكُلِّ شَيْءٍ (٨٩) ﴾ النحل: ٨٩

*[Qur'aanni kan waan hundaaf ibsa (gahaa) kan kennuudha] (Annahli: 89).*

﴿ لَّا يَأْتِيهِ الْبَاطِلُ مِن بَيْنِ يَدَيْهِ وَلَا مِنْ خَلْفِهِ ۖ (٤٢) ﴾ فصلت: ٤٢

*[fuul duraa fi duuba isaatiinis badiin/hamtuun isatti hin dhuftu] (Fussilat: 42).*

Qur'aana kabakamaa ilaalchisee Rabbiin kana hunda jedhuu waliinuu, Rabbiin keeyyata Qur'aanaa biraa keessatti akkana jedha:

﴿ آيَاتٌ مُّحْكَمَاتٌ هُنَّ أُمُّ الْكِتَابِ وَأُخَرُ مُتَشَابِهَاتٌ ۖ فَأَمَّا الَّذِينَ فِي قُلُوبِهِمْ زَيْغٌ فَيَتَّبِعُونَ مَا تَشَابَهَ مِنْهُ ابْتِغَاءَ الْفِتْنَةِ وَابْتِغَاءَ تَأْوِيلِهِ ۗ وَمَا يَعْلَمُ تَأْوِيلَهُ إِلَّا اللَّهُ ۗ وَالرَّاسِخُونَ فِي الْعِلْمِ يَقُولُونَ آمَنَّا بِهِ كُلٌّ مِّنْ عِندِ رَبِّنَا ۗ وَمَا يَذَّكَّرُ إِلَّا أُولُو الْأَلْبَابِ (٧) ﴾ آل عمران: ٧

*Keeyyatoonni isaa (Qur'aanaa) ifa galtuudha, isiin matoolii kitaabotaati, gariin keeyyatoota kanaa immoo hiikkaan isii wal fafakkaatoodha. Namoonni onnee isaanii keessa jallinni jiru, keeyyatoota Qur'aanaa kana keessaa kan wal fafakkaatu san*

*hordofuun (akka fedhii isaanii waliin deemutti dhimmi itti bayuun) balaa nama jiddutti uumu, akka (fedhii isaaniittii) hiikkatu. Hiika sirrii keeyyatoota sanii Rabbii tokkicha malee namuu hin beeku. Warroonni beekkumsa sirritti qaban Qur'aana kanatti amanne, (wanni isa keessaa) hunduu Rabbii keenna biraa dhufe jedhu, warroota waa xiinxallan malee kan (hiikkaa keeyyatoota walfafakkaatoo kanaa beeku) hin jiru] (Aal-Imraan:7).*

Jecha walfakkaataa jedhu kana akka jecha dhokataa ykn ifa hin ta'iniitti yoo qayyabanne, itti yaannee ykn osoo itti hin yaadin akkana jechuun keenna hin oolu: Qur'aanni wal faallessaa deema, iddoo garitti mallattooleen isaa murteeffamoodha jedha, iddoo garitti immoo hiikkaaleen keeyyatoota isaa garii walfafakkaatoodha ifaa miti jedha. Garuu namni Muslimaa ykn namni sammuu qabu kan keeyyatoota Qur'aanaa kana sirritti gadi bu'ee xiinxalle akkas hin jedhu. Muslima ta'ee namni akkas jedhu nama hiika keeyyata kanaa sirritti hin qayyabatini waan ta'eef dhugaa irra hin jiru.

Namni keeyyatoota kanniin xiinxallu garaagarummaa jidduu jecha [Uhkimat] jedhuu fi isa [Muhkamaat] jedhuu addaan beekuu qaba. Jechi inni jalqabaa Qur'aanni dogongoraa fi badii irraa tiiyfamaadha jechuu mul'isa. Kana jechuun faallaa jecha lammataa (hiikni isaa wal fafakkaata) jedhuuti.

Kanaafuu hiikkaan jecha kan hiikni isaa daangeffame ykn murtaa'e (Muhkamaat) jedhuu yoo sirritti qayyabatame keeyyatoonni hiikkaan

isaanii walfafakkaatoodha jedhu isa hiikkaan isaanii daangeffamaadha jedhu hin dhabamsiisu.

Hiikni sirrii ta'e kan jala sararamee eenyummaa Qur'aanaa ibsu kan keeyyatoonni isaa hunduu hiika murtaa'aa ta'e qabaachuu ibsuu fi jechoota Qur'aanaa keessa walfaallessi kamiyyuu kan hin jirre kan mul'isu maaliidha?

Akka ilaalcha kiyyaatti hiikni sirriin kaayyoo Qur'aanaa kana mirkaneessu fi hubannoo namaas kan sirreessu; keeyyatoonni Qur'aanaa gariin kan hiikni isii daangeffame yaada jedhuudha. Keeyyatoonni kunis, keeyyatoota waa'ee safuulee, sonoota, ilaalcha amantii fi seerota amantiin dhumaa ilma namaatiif fidde fa'a of keessatti qabata. Isaan keessaa muraasni akka fakkeenyaatti: cubbuulee gurguddoo, nama gowwoomsuu, kijibuu fi kkf haraama ta'uudha.

Dhimmoonni akkanaa kun hanga guyyaa dhumaatti (qiyaamaatti) haraamummaan isaanii hin jijjiiramu. Dhimmoonni kun dhimma namni kamiyyuu akkuma jirutti mormii fi falmii tokko malee tole jedhee fudhachuu qabuudha.

Keeyyatoonni hiikkaan isaanii walfafakkaatoodha jedhaman immoo keeyyatoota waa'ee seenaa ummatoota durii, haala qaroomina isaanii, seenaa ergamtootaa fi nabiyyoota durii fi ergaalee fi gorsa adda addaa seenaaleen sunniin dabarsan fa'a irraa kan dubbatu of keessatti hammata. Kanaafuu keeyyatoonni kunniin dhimmoonni isiin irraa haasoftu kan ummatoota biraa bira jiruun walfakkaata, keessattuu

ummatoota warra kitaaba kennamanii (Yahuudaa fi Kiristaanotaatiin) walfakkaata jechuu mul'isa.

Kanaafuu walfakkeenyi asitti jedhame dhimmi keeyyatoota seenaalee Qur'aana keessatti dubbatamanii kan hiikni isaanii daangeffamaa ta'e seenaalee kitaabota ummatoota biraa keessatti dubbatamaniin walfakkaata jechuudha. Seenaaleen ummatoota durii kanneen kitaabota isaanii keessatti dubbataman kunniin garuu haqamiinsaa fi itti dabaliinsaaf waan saaxilamaa dhufaniif, Qur'aanni seenaa sanitti deebinee ilaallee sirriidha jennee fudhachuu irraa nu seeree jira.

Kanaafuu keeyyanni Qur'aana kabajamaa keeyyatoota Qur'aanaa, ergaalee fi gorsoota isii bira kutuun seenaalee kitaabota durii kanneen hanqinaa fi itti dabaliinsaaf saaxilaman ilaaluu irraa nu seertee jirti. Sababni isaas ergaa fi gorsoota keeyyatoota Qur'aanaa kana dhiisnee isa hanqina qabu sanitti fuulleffachuun namoota dhimma biraa qabaniif, kanneen onneen isaanii dhibee qabduu fi isaannan namoota jiddutti balaa fi jallina babal'isuu barbaadaniif karaa saaquu ta'a.

Sababaan nuti kana jenneefis seenaaleen sunniin seenaa ummatoota duriitiin kan walqabateedha, taatee dabre waan ta'eef akkasumas ummatootaa fi mootonni gadaa saniis waan dhumaniif, hambaaleen seenaa saniis itti dabaliinsaa fi haqamiinsaaf waan saaxilamanii jiraniif seenaa isa dhugaa fi isa guutuu ta'e irra gayuuf haalli hin mijatu.

Firiin haqamiinsa fi laaqamiinsa kitaabota durii qunnaman kun akkuma gadaa ammaa kana keessatti argaa jiruu, ummatoota warra kitaabaa

jedhaman (Yahuudotaa fi Kiristaanota) kanniin akka isaan hordoffii amantii isaanii gadi dhiisan godhee jira, hedduun miseensota isaanii amantiif bakkee hin qaban. Amantii isaaniitiin oodanii, fedhii fi jaalala meeshummaa (materialism) kan Lebiraalizimiin dhaadhessuuf saaxilamanii, dhibeelee hawaasummaa fi shaakallii diinummaa addunyaatiif madda ta'anii argamu.

Wanti baay'ee nama gaddisiisu hiiktonni Qur'aanaa (Mufassiroonni) hedduun gara kitaabota seenaa kanniiniitti dhimma bayuutti dabuu isaaniiti. Kuni immoo adeemsa dhaabbachuu qabuudha. Seenota sanniinitti fayyadamuun dhiibbaa inni fidee fi qaroomina ummata Islaamaa yeroo ammaa kana duubatti hanbisee rakkina guddaaf isa saaxilee jira.

Kana hundaafuu adeemsa ilaalcha Islaamawaa isa sirrii ta'e qabachuu qabna. Adeemsi sirriin kunis adeemsa keeyyatootaa fi ibsa Qur'aanaa qofatti dhimma bayuu fi seenota ala irraa dhufan kan Qur'aana kabajamaa keessatti wanti isatti akeeku hin jirre fi kan hiika Qur'aana keessa jiru faallessan irraa of qusachuudha.

Akka natti fakkaatutti adeemsi hubannaa keeyyata Qur'aanaa ani itti hubadhe kun adeemsa filatamaa fi baay'ee sirrii ta'eedha jedhee yaada. Adeemsi kunis shakkiiwwanii fi ololoota amantaa fannifama nabi Iisaa deeggaran irraa nama qulqulleessa. Adeemsi kun seera walqixxummaa fi itti gaafatamummaa lafa qabsiisa. Adeemsa kanaan namni kamiyyuu cubbuu raawwatu malee akka hin adabamne fi namni cubbuu raawwate

Namni kamiyyuu amantiin Kiristaanaa yeroo sanitti inni dhugaa akka amantii Rabbiin biraa dhufe ta'ee fi akka inni ergaa Rabbiin ilmaan Israa'iil kan yeroo sanitti onneen isaanii jallinaan goggoydetti erge ta'uu hin mormu. Kuni dhimma Qur'aanni kabajamaan jala sararee nuuf ibseedha.

Kanaafuu amantiin kun haqummaa fi itti gaafatamummaa mormuu hin qabu. Akkasumas yakka karaa godhuu fi nama yakka raawwatee galateeffachuu hin qabu, akka namni karaa dhugaa irraa dabee, Rabbiin irraa fagaatee cubbuu keessa gadi lixee dalaguuf kakaasuu hin qabu, akka namni mama biraa doorsisuu fi akka dhugaa jirtu morman, akka nabiyyootaa fi namoota nagayaa ajjeesan hin ajaju.

Waldhabiinsi jidduu Muslimootaa fi Kiristaanotaatti bal'atee mul'atu hiikkaa Qur'aanaa irratti miti, akkasumas dhimmoota

---

tokko immoo yakka raawwate saniif akka hin galateeffamne irraa baranna.

Adeemsi ani keeyyata Qur'aanaa kana itti hiikee fi ittiin qayyabadhe ifa gala akka ta'u abdii qaba. Adeemsi kun barbaachisummaa keeyyata waa'ee fannifamuu fi dhabuu nabi Iisaa dubbattu qofa qayyabachuuf osoo hin taane, dhimmoota biroos kan adeemsa sirrii ta'een walqabatan fi kanneen kaayyoo fi galma silaa Qur'aanni itti nama geessuuf kaayyeffateen wal qabatan irratti ijjannoo gaarii akka horannuufi. Yeroo qayyabannaan keenna sirrii ta'e safuu fi sonoota Qur'aanaas kabajnee, ergaa fi galma inni itti akeeku san sirritti hubannee hojiin lafa irratti argamsiisuu dandeenna waan ta'eefi.

bu’uuraa kan Qur’aanni sirreessuuf irratti fuulleffate kan akka ilaalcha fannifamaa fi didiinsa amantaa/yaada isaatiis miti.

Gareen lameenuu (Muslimoonni fi Kiristaanonni) kaayyoolee/galmaa fi hiikkaa irratti waldhabbii hin qaban. Waldhabiinsi jiru yoo jiraate akkaataa gorsa/yaamicha amantii itti waliif dhiyeessan irratti. Kanaafuu waliin marii kana irratti kan baay’ee barbaachisu galmi/kaayyoon garee lameenii, akkaataan isaan itti waa dhiyeessan fi adeemsi jaraa dursee beekkamuu qaba.

Akkasumas hariiroon jidduu jaraa jiru sirraayee, walkabajiinsi fi jaalalli dursee jidduu isaaniitti uumamuu qaba. Bu’uurri waliin marii keessi namaa qulqulluu ta’uu, kaayyoon isaa dhugaa sirrii taate irra gayuu fi wantoota gaarii namaaf hawwuu, dhugaa jirtu fudhachuu fi dhara/kijiba jiru irraa fagaachuuf ta’uu qaba. Namni sammuu qabu, kan beekkumsa qabu kamiyyuu dhugaa jirtu eenyu irraayyuu ni fudhata malee kijiba irratti hin cichu.

Tariitii yaanni armaan olitti dabarsinee fi akkaataan hiikkaan keeyyatoota Qur’aanaa waa’ee fannifamiinsaatiin walqabatan itti hubatamuu qaban jennee ibsa goone kun, rakkinoota walhubannoo jidduu hordoftoota amantiilee lamaanii jiran hir’isuu, waliin marii fiixa bayu gaggeessuu, qaamni lameenuu akkaataa waamicha amantii ittiin waliif dhiyeessuu qaban hubachuu, kaayyoon isaan imalaniif gaarii ummataaf gumaachuu fi akkaataa/tooftaa adeemsa waliin marii gaggeessuu ittiin dhiyeessan gara caalu bareechuu keessatti ga’ee guddaa taphata jennee abdii goona.

Ilaalchi amantii fannifamiinsaa kan Kiristaanota bira jiru kun amantii Islaamaa biratti rakkinna guddaa Rabbitti waa yagutoomsuu/ isatti waa eda'uutti nama geessa. Akkasumas yaada sillaasee sadeen jedhutti nama geessa. Kuni immoo amantii tokkochummaa Rabbiititti yaamu faallessa.

Yaanni sillaaseewwan sadeen jedhu kun nabi Iisaa ilma Maryam kan qaamaa fi mul'anni isaa hundi ilma namaa ta'e kana sababa Rabbiin raajiiwwan kanaan dura namni kamiyyuu dalagee/mul'isee hin beeyne isa hedduu isa badhaaseef jecha akka Rabbiitti isa fudhatan. Akkasumas Rabbii guddaa waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye gara qaama bifa namaa fakkaatee nabi Iisaa bakka bu'ee dhufee fi gara qaama fakkii namaa hin qabnee kan Abbaa jedhaniitti addaan qoodu. Kuni immoo wanta baay'ee bocni isaa fi galmi (kaayyoon) isaas nama dhamaasu tokko.

Ilaalchi amantii fannifamiinsaa kun ammas amantii Islaamaa biratti rakkinna biraa qaba. Innis sona haqqummaatti dabalee sona biraa kan uumama namaatiin walqabatu diiga. Innis sona itti gaafatamummaati. Sonni kun amantii Islaamaa keessatti sona bu'uuraa fi seera ijoo sona haqummaatiin yoomiyyuu addaan hin baaneedha. Akka dhugaa amantii Islaamaa keessa jiruutti namni kamiyyuu dalagaa dalgeef itti gaafatamaadha. Akkasumas gatiin/sadarkaan namni sun qabu hojii fi akkaataa raawwii hojii isaa saniin madaalama malee bifaa, firummaa fi gosummaa isaatiinii miti.

Garuu amantiin/ilaalchi fannifamiinsaa kun yakka fannifamiinsaa kana seera qabeessa godhuuf, sona itti gaafatamummaa dhabamsiisee jira. Inumaa kana bira kutuudhaan

imaan boodaan dhufan baleessaa/cubbuu abbootii isaaniitii fi itti gaafatamummaa cubbuu raawwatamee isaan baadhachiisa.

Amantiin kun raawwii kanaan hariiroo ilma namaa jidduu jiru yakkamaa fi adabamaa walqixxeessuun diiga. Akkasumas hubannoo wareegamiinsaas faallessa. Sunis akkamitti yoo jenne wareegamni godhame jaalalaa fi waan gaarii namaaf hawwuu irraa kan ka'e yaada jedhu irraa gara tooftaa dalagaalee hammeennaa fi gara jabeennaa wa irratti yaaduu, nama miidhuu fi seera qabeessummaa yakka kanaa mirkaneessuutti akeeka. Kuni immoo wanta sammuun namaa hin fudhanneedha.

Yaaddan wal-faallessaa amantaa fannifamiinsaa arginu kana dhiifnee, amantiin Islaamaa yaamicha kiristaanotaaf godhu keessatti barbaachisummaa irra walii dabruu, dhiifama walii godhuu fi jaalala qabu irratti isaaniin wal hin dhabu. Wadhabiinsi amantiin Islaamaa dhimmi fannifamiinsaa kana irratti kiristaanota waliin qabu, yaaddan walfaallessan kan amantii san keessa jiran, kanneen bu'uura uumama ilma namaa fi dhugaa sammuun namaa itti amantu faallessan irratti. Kunis beekaa ykn osoo hin beekne sirreessuu dhiisanii karaa irraa dabsuun ni mala.

## Dhimmoota Hundee Irratti Waldhabiinsi Hin Jiru

Amantiin Islaamaa dhimmoota dimshaashawaa irratti amantii Kiristaanaa fi amantiiwwan Rabbiin biraa buufamaniin wal hin dhabu. Amantiin Islaamaa tokkochummaa Rabbii ni raggaasisa, nabiyyoonni kanaan duraa raajiiwwan ilmi namaa hojjachuu hin dandeenne akka qabanis ni amana. Akka ilmi namaa dogongora hojjatus ni raggaasisa, irra walii dabruu fi dhiifama walii godhutti nama ajaja.

Garuu amantiin Islaamaa ibsa isaa kan amantaa/ilaalcha fannifamiinsaa sirreessuu kan Qur'aana kabajamaa keessatti godhe keessatti hiikkaa fi hubannaa aqiidaa toowhiidaa (tokkochummaa Rabbii) kan waan isaan hin malle hunda irraa qulqulluu ta'e, kan wal gituu fi wal guutu, kan haala/amala uumama namaa hin faallessine, kan humnaa fi anniisaa namaa kana kaayyolee gurguddoo fi bu'a qabeessa ta'an kan amantiileen Rabbiin biraa dhufan kanneen haqamiinsaa fi itti dabaliinsaaf hin saaxilamin raggaasisan hunda fiixaan baasa.

Kana caalaa ifa galchuudhaaf, Qur'aanni kabajamaan hariiroowwan kana akkamitti akka yaala itti godhee fi dhimmoota kana bifa sona tokkochummaa Rabbii fi haala uumama namaa eeggateen akkamitti akka kaaye osoo ifa goonee bu'a qabeessa ta'a. Amantiin Islaamaa akkuma amantii kiristaanaa Rabbummaa Rabbiititti ni amana. Garuu Rabbummaa kana keessatti bu'uura Rabbi tokkicha jedhutti amana, tokkochummaan isaa kunis itti fakkeeffamaa fi itti dabaliinsa kamiyyuu irraa qulqulluudha.

﴿قُلۡ هُوَ ٱللَّهُ أَحَدٌ ١ ٱللَّهُ ٱلصَّمَدُ ٢ لَمۡ يَلِدۡ وَلَمۡ يُولَدۡ ٣ وَلَمۡ يَكُن لَّهُۥ كُفُوًا أَحَدُۢ ٤﴾ الإخلاص: ١ - ٤ *[Jedhiin (yaa Muhammad) Rabbi (Allaahni) tokkicha, Rabbiin kan namni martuu dhimma isaatiif isatti booyu (isa kajeellatu), Rabbiin hin dhalu hin dhalchus, namni isa fakkaatu (isaan gitu) hin jiru] (Assamad:1-4).*

﴿لَيۡسَ كَمِثۡلِهِۦ شَيۡءٞۖ وَهُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡبَصِيرُ ١١﴾ الشورى: ١١

*[kan isa (Rabbiin) fakkaatu hin jiru, Rabbiin dhagayaa fi argaa waan hundaati] (Ashuuraa: 11).*

﴿ قُلْ يَٰٓأَهْلَ ٱلْكِتَٰبِ تَعَالَوْاْ إِلَىٰ كَلِمَةٍ سَوَآءِۭ بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمْ أَلَّا نَعْبُدَ إِلَّا ٱللَّهَ وَلَا نُشْرِكَ بِهِۦ
شَيْـًٔا وَلَا يَتَّخِذَ بَعْضُنَا بَعْضًا أَرْبَابًا مِّن دُونِ ٱللَّهِ ۚ فَإِن تَوَلَّوْاْ فَقُولُواْ ٱشْهَدُواْ بِأَنَّا مُسْلِمُونَ
﴿٦٤﴾ ﴾ آل عمران: ٦٤

*[Jedhiin (yaa Muhammad) yaa warra kitaaba kennamtanii hoo (Yahuudaa fi Kiristaanonni) gara dubbii jidduu keennaa fi jidduu keessanitti walqixxee taateetti koottaa, innis Rabbiin malee waan biraa gabbaruu dhabuu isatti waa ida'uu dhiisuu gariin keenna garee keenna Rabbii gaditti bitamuufii dhabuu, yoo isaan kana didan isaaniin jedhaa (yaa Muslimoota), Muslima ta'uu keenna raga nuuf bayaa (jedhaan)] (Aal-Imraan:64).*

﴿ فَـَٔامِنُواْ بِٱللَّهِ وَرُسُلِهِۦ ۖ وَلَا تَقُولُواْ ثَلَٰثَةٌ ۚ ٱنتَهُواْ خَيْرًا لَّكُمْ ۚ ﴿١٧١﴾ ﴾ النساء: ١٧١

*[Rabbii fi ergamaa isaatti amanaa, Rabbi Sadihi hin jedhinaa (Iisaa, haadha isaa Maryamii fi Rabbi), jecha akkasii dhiisutu isinii caala] (Annisaa: 171).*

Amantiin Islaamaa dandeettiin waan kanaan dura hin argamin uumuu kan Rabbiiti, wanti. Rabbii gaditti jiru hunduu dandeettii isaanii Rabbiin irraa fudhatan jedha. Raajjiidhanii fi gochoonni dadhabsiisoo ta'an dandeettii fi dadhabsiisa Rabbiin hawaa kana uumuuf qabu mul'isa.  Kanaafuu raajiiwwan harka nabi Iisaa irratti mul'atan kunniin Iisaan uumama Rabbiin uume keessaa isa tokko ta'uu hin faallessu, raajiiwwan Rabbiin isaaf kenne kunniin mallattoo ergamaa Rabbii ta'uu isaa kan mirkaneessani malee akka Rabbiitti gabbaramuu hin qabaatu.

﴿ إِنَّ مَثَلَ عِيسَىٰ عِندَ ٱللَّهِ كَمَثَلِ ءَادَمَۖ خَلَقَهُۥ مِن تُرَابٍ ثُمَّ قَالَ لَهُۥ كُن فَيَكُونُ ﴿٥٩﴾ ﴾
آل عمران: ٥٩

[*Rabbiin biratti fakkeenyinabi Iisaa akkuma fakkeenya Aadami, Rabbiin Aadamiin biyyee irraa isa uumee ta'I jennaan battalumatti ta'e] (Aala Imraan:59).*

﴿ إِنَّمَا ٱلۡمَسِيحُ عِيسَى ٱبۡنُ مَرۡيَمَ رَسُولُ ٱللَّهِ وَكَلِمَتُهُۥٓ أَلۡقَىٰهَآ إِلَىٰ مَرۡيَمَ وَرُوحٞ مِّنۡهُۖ ﴿١٧١﴾ ﴾ النساء: ١٧١

*[Masiih, Iisaan ilma Maryamaa ergamaa Rabbiiti, akkasumas jecha Rabbiin gara Maryamitti dabreedha (ta'i jennaan battalumatti ta'e) inni afuura (lubbuu) Rabbiin irraa ta'eedha]* (Annisaa:171).

﴿ وَءَاتَيۡنَا عِيسَى ٱبۡنَ مَرۡيَمَ ٱلۡبَيِّنَٰتِ وَأَيَّدۡنَٰهُ بِرُوحِ ٱلۡقُدُسِۗ ﴿٨٧﴾ ﴾ البقرة: ٨٧

*[Iisaa ilma Maryamaa raajiidhan ifa galaa ta'an (kan inni ergamaa Rabbii ta'uu mirkaneessan) isaaf kennineef, akkasumas Jibriiliin isa tumsine ykn isa jajjabeessine] (Al Baqarah: 87).*

﴿ وَأُبۡرِئُ ٱلۡأَكۡمَهَ وَٱلۡأَبۡرَصَ وَأُحۡيِ ٱلۡمَوۡتَىٰ بِإِذۡنِ ٱللَّهِۖ ﴿٤٩﴾ ﴾ آل عمران: ٤٩

*[ Fedhii Rabbiitiin nama ijaan hin arginee fi nama shoolii qabu ni fayyisa. Akkasumas nama du'es fedhii Rabbiitiin kaasee ni jiraachisa] (Aala Imraan:49).*

﴿ وَجَعَلۡنَا ٱبۡنَ مَرۡيَمَ وَأُمَّهُۥٓ ءَايَةٗ ﴿٥٠﴾ ﴾ المؤمنون: ٥٠

*[Ilma Maryamii fi haadha isaa (ilma namaatif) mallattoo taasifne] (Al Mu'uminuun: 50).*

﴿ لَّقَدۡ كَفَرَ ٱلَّذِينَ قَالُوٓاْ إِنَّ ٱللَّهَ هُوَ ٱلۡمَسِيحُ ٱبۡنُ ﴿١٧﴾ ﴾ المائدة: ١٧

*[Namoonni Rabbiin Masiihi ilma Maryamaati jedhan dhugumaan Rabbitti kaffaran] (Al-Maa'idah:17).*

﴿ لَّقَدۡ كَفَرَ ٱلَّذِينَ قَالُوٓاْ إِنَّ ٱللَّهَ ثَالِثُ ثَلَٰثَةٖ ﴿٧٣﴾ ﴾ المائدة: ٧٣

*[Namoonni Rabbiin sadiin sillaaseeti jedhan dhugumaan Rabbitti kaffaran] (Al-Maa'idah:73).*

﴿ ذَٰلِكُمُ ٱللَّهُ رَبُّكُمۡ خَٰلِقُ كُلِّ شَيۡءٖ لَّآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَۖ فَأَنَّىٰ تُؤۡفَكُونَ ﴿٦٢﴾ ﴾ غافر: ٦٢

*[Suni Rabbii keessani kan uumaa waan hundaa ta'e, isa malee Rabbiin dhugaa ka biraa hin jiru, akkamitti isatti waa dabaltan] (Gaafir: 62).*

Amantiin Islaamaa uumama dhala namaa kana keessa qormaatamutuu fi waan dalagan irraa gaafatamutu jira jedha. Namni hunduu gocha raawwate irraa ofuma isaatiif gaafatama.

﴿ وَلَا تَزِرُ وَازِرَةٞ وِزۡرَ أُخۡرَىٰۚ ﴿١٦٤﴾ ﴾ الأنعام: ١٦٤

*[Badii namni tokko dalage lubbuun biraa hin baadhattu ykn irraa hin gaafatamtu] (Al-An'aam: 164).*

﴿ وَإِذۡ قَالَ رَبُّكَ لِلۡمَلَٰٓئِكَةِ إِنِّي جَاعِلٞ فِي ٱلۡأَرۡضِ خَلِيفَةٗۖ قَالُوٓاْ أَتَجۡعَلُ فِيهَا مَن يُفۡسِدُ فِيهَا وَيَسۡفِكُ ٱلدِّمَآءَ وَنَحۡنُ نُسَبِّحُ بِحَمۡدِكَ وَنُقَدِّسُ لَكَۖ قَالَ إِنِّيٓ أَعۡلَمُ مَا لَا تَعۡلَمُونَ ﴿٣٠﴾ وَعَلَّمَ ءَادَمَ ٱلۡأَسۡمَآءَ كُلَّهَا ثُمَّ عَرَضَهُمۡ عَلَى ٱلۡمَلَٰٓئِكَةِ فَقَالَ أَنۢبِـُٔونِي بِأَسۡمَآءِ هَٰٓؤُلَآءِ إِن كُنتُمۡ صَٰدِقِينَ ﴿٣١﴾ قَالُواْ سُبۡحَٰنَكَ لَا عِلۡمَ لَنَآ إِلَّا مَا عَلَّمۡتَنَآۖ إِنَّكَ أَنتَ ٱلۡعَلِيمُ ٱلۡحَكِيمُ ﴿٣٢﴾ قَالَ يَٰٓـَٔادَمُ أَنۢبِئۡهُم بِأَسۡمَآئِهِمۡۖ فَلَمَّآ أَنۢبَأَهُم بِأَسۡمَآئِهِمۡ قَالَ أَلَمۡ أَقُل لَّكُمۡ إِنِّيٓ أَعۡلَمُ غَيۡبَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَأَعۡلَمُ مَا تُبۡدُونَ وَمَا كُنتُمۡ تَكۡتُمُونَ ﴿٣٣﴾ وَإِذۡ قُلۡنَا لِلۡمَلَٰٓئِكَةِ ٱسۡجُدُواْ لِأٓدَمَ فَسَجَدُوٓاْ إِلَّآ إِبۡلِيسَ أَبَىٰ

وَٱسۡتَكۡبَرَ وَكَانَ مِنَ ٱلۡكَٰفِرِينَ ﴿٣٤﴾ وَقُلۡنَا يَٰٓـَٔادَمُ ٱسۡكُنۡ أَنتَ وَزَوۡجُكَ ٱلۡجَنَّةَ وَكُلَا مِنۡهَا رَغَدًا حَيۡثُ
شِئۡتُمَا وَلَا تَقۡرَبَا هَٰذِهِ ٱلشَّجَرَةَ فَتَكُونَا مِنَ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿٣٥﴾ فَأَزَلَّهُمَا ٱلشَّيۡطَٰنُ عَنۡهَا فَأَخۡرَجَهُمَا مِمَّا كَانَا فِيهِۖ
وَقُلۡنَا ٱهۡبِطُواْ بَعۡضُكُمۡ لِبَعۡضٍ عَدُوّٞۖ وَلَكُمۡ فِي ٱلۡأَرۡضِ مُسۡتَقَرّٞ وَمَتَٰعٌ إِلَىٰ حِينٖ ﴿٣٦﴾ فَتَلَقَّىٰٓ ءَادَمُ مِن رَّبِّهِۦ كَلِمَٰتٖ
فَتَابَ عَلَيۡهِۚ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلتَّوَّابُ ٱلرَّحِيمُ ﴿٣٧﴾ قُلۡنَا ٱهۡبِطُواْ مِنۡهَا جَمِيعٗاۖ فَإِمَّا يَأۡتِيَنَّكُم مِّنِّي هُدٗى فَمَن تَبِعَ هُدَايَ
فَلَا خَوۡفٌ عَلَيۡهِمۡ وَلَا هُمۡ يَحۡزَنُونَ ﴿٣٨﴾ وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ وَكَذَّبُواْ بِـَٔايَٰتِنَآ أُوْلَٰٓئِكَ أَصۡحَٰبُ ٱلنَّارِۖ هُمۡ فِيهَا
خَٰلِدُونَ ﴿٣٩﴾ ﴾ البقرة: ٣٠ - ٣٩

*[(Dubbadhu yaa Muhammad) yeroo Raabbiin kee Malaa'ikootaan ani nama dachii kana dhaalu as irratti uumuu heda jennaan, nama dachii kana keessatti badii dalagu, kan dhiiga walii jiiysu as irratti uumtaa? Nuti waan siin hin malle irraa si qulqulleessinee si ulfeessina jedhan Malaa'ikoonni Rabbiin, Rabbiinis ani waan isin hin beeyne beeka jedheen. Rabbiin Aadamiin maqaa waan hundaa isa barsiisee, sana booda wantoota sanniin Malaa'ikatti fidee yoo ka dhugaa dubbattan taate maqaa wantoota kanaa naaf himaa jedheen. Malaa'ikoonnis Rabbii keenna ati waan siin hin malle irraa qulqullooyte, waan ati nu barsiifte malee beekkumsa wayiituu hin qabnu, ati beekaadha ogeessa. Rabbiin Aadamiin maqaa wantoota kanaa itti himi jedheen, Aadam itti himee jennaan, Rabbiin Malaa'ikootaan ani waan dachii fi samii keessatti dhokate hunda beeka, waan isin dhoksitanii fi mul'iftan hunda beeka isiniin hin jennee jedheen. (Dubbadhu yaa Muhammad) yeroo Malaa'ikootaan Aadamiif sujuuda bu'aa jennaan isaan hunduu sujuuda bu'anii Ibliisni/sheyxaanni qofti boonee bu'uu*

*dide warra kafare irraa ta'e. Aadamiin atii fi niitiin teetis jannata keessa jiraadhaa akka barbaaddanitti daraaraa isa keessa jiru nyaadhaa, muka kana qofatti hin dhiyaatinaa yoo dhiyaattan warra lubbuu ofii miidhe irraa taatanii jenneen. Sheyxaanni karaa isaan jallisee bakka isaan jiranii (jannata keessaa) isaan baase. Booda gariin keessan gariif walii diina jannata keessaa bayaa gara dachii bu'aa jenneen, hanga gaafa guyyaan keessan gayuutti jiruun keessan lafa irra isiniif haa ta'u. Yeroo kana Aadam Rabbii isaa irraa jechoota fudhatee (Rabbiin isa qunnamee jecha toowbaa jedhee, gara Rabbii deebinaan) Rabbiin toowbaa isaa irraa fuudhe, Rabbiin kan yakka namaa dhiisuu fi kan rahmata namaaf godhuudha. Isin hunduu jannata keessaa gara dachii gadi bu'aa, qajeellumni kiyya achitti isinitti dhufa jenneen, namni qajeelluma kiyya hordofe sodaa fi naasuun wayiituu isa irra hin jiru. Namoonni Rabbitti kafaranii mallattoolee keenna morman jarri warra ibiddaati (ibidda) keessa hundee jiraatan] (Al-Baqarah: 31-39).*

﴿وَنَادَىٰهُمَا رَبُّهُمَآ أَلَمۡ أَنۡهَكُمَا عَن تِلۡكُمَا ٱلشَّجَرَةِ وَأَقُل لَّكُمَآ إِنَّ ٱلشَّيۡطَٰنَ لَكُمَا عَدُوّٞ مُّبِينٞ ٢٢

قَالَا رَبَّنَا ظَلَمۡنَآ أَنفُسَنَا وَإِن لَّمۡ تَغۡفِرۡ لَنَا وَتَرۡحَمۡنَا لَنَكُونَنَّ مِنَ ٱلۡخَٰسِرِينَ ٢٣﴾

الأعراف: ٢٢ - ٢٣

[*Rabbiin isaanii jara lamaan (Aadamii fi Hawwaa) yaamee muka san nyaachuu irraa isin hin dhoorginee, sheyxaanni isiniif diina ifa galaadha isiniin hin jennee jedheen. Jarri lameenis Rabbii keenna lubbuu teenna miinee jirra yoo ati nuuf hin dhiisin yoo ati nuuf rahmata hin godhin warra kasaare ta'uu keenna jedhaniin] (Al A'araaf: 22-23).*

﴿ فَقُلۡنَا يَٰٓـَٔادَمُ إِنَّ هَٰذَا عَدُوّٞ لَّكَ وَلِزَوۡجِكَ فَلَا يُخۡرِجَنَّكُمَا مِنَ ٱلۡجَنَّةِ فَتَشۡقَىٰٓ ١١٧ إِنَّ لَكَ أَلَّا
تَجُوعَ فِيهَا وَلَا تَعۡرَىٰ ١١٨ ﴾ طه: ١١٧ - ١١٨

[*Yaa Aadam kuni sii fi haadha manaa teetiifis diina, akka jannata keessaa isin baasee warra onneen isaa goggoyde hin taane. Jannata keessatti hin beeloftu uffata dhabdee qullaa hin deemtu] (Xaahaa: 117-118).*

﴿ فَأَكَلَا مِنۡهَا فَبَدَتۡ لَهُمَا سَوۡءَٰتُهُمَا وَطَفِقَا يَخۡصِفَانِ عَلَيۡهِمَا مِن وَرَقِ ٱلۡجَنَّةِۚ وَعَصَىٰٓ ءَادَمُ
رَبَّهُۥ فَغَوَىٰ ١٢١ ثُمَّ ٱجۡتَبَٰهُ رَبُّهُۥ فَتَابَ عَلَيۡهِ وَهَدَىٰ ١٢٢ قَالَ ٱهۡبِطَا مِنۡهَا جَمِيعَۢاۖ بَعۡضُكُمۡ لِبَعۡضٍ
عَدُوّٞۖ فَإِمَّا يَأۡتِيَنَّكُم مِّنِّي هُدٗى فَمَنِ ٱتَّبَعَ هُدَايَ فَلَا يَضِلُّ وَلَا يَشۡقَىٰ ١٢٣ وَمَنۡ أَعۡرَضَ عَن
ذِكۡرِي فَإِنَّ لَهُۥ مَعِيشَةٗ ضَنكٗا وَنَحۡشُرُهُۥ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِ أَعۡمَىٰ ١٢٤ طه: ١٢١ - ١٢٤

*[Aadam Rabbii isaa didee jallate. Sana booda rabbiin isa filatee dhiifama isaaf godhee isa qajeelche. Rabbiin isaaniin jedhe isin hunduu Jannata keessaa gara dachii gadi bu’aa gariin keessan gariif diina (Sheyxaanni Aadamii fi Hawwaaf diina), yeroo qajeellumni kiyya isinitti dhufetti namni qajeelluma san hordofe hin jallatu. Namni yaadachiisa kiyyatti dugda gale immoo jiruu duniyaa tanatti jireenya dhiphinaa jiraata, guyyaa qiyaamaa immoo jaamaa goonee isa kaafna] (Xaahaa: 121-124).*

﴿ فَمَن يَعۡمَلۡ مِثۡقَالَ ذَرَّةٍ خَيۡرٗا يَرَهُۥ ٧ وَمَن يَعۡمَلۡ مِثۡقَالَ ذَرَّةٖ شَرّٗا يَرَهُۥ
٨ ﴾ الزلزلة: ٧ - ٨

*[Namni dalagaa gaarii hanga cirrachaa xiqqaattus dalage isima argata, namni dalagaa yakkaa/cubbuu hanga cirrachaa xiqqaattus dalage isima argata] (Al-Zalzalaa:7-8).*

﴿كُلُّ نَفْسٍ بِمَا كَسَبَتْ رَهِينَةٌ ﴿٣٨﴾﴾ المدثر: ٣٨

*[Lubbuun hundinuu waan dalagdeen mindeeffamti] (Al-Muddassir: 38).*

﴿وَاتَّقُوا يَوْمًا لَّا تَجْزِي نَفْسٌ عَن نَّفْسٍ شَيْئًا وَلَا يُقْبَلُ مِنْهَا شَفَاعَةٌ ﴿٤٨﴾﴾ البقرة: ٤٨

*[Guyyaa lubbuun tamiyyuu lubbuu biraatiif waa godhuu hin dandeenne, guyyaa kaafira irraa jaarsummaan kamiyyuu hin fuudhamne sodaadhaa] (Al-Baqarah:48).*

﴿ثُمَّ تُوَفَّىٰ كُلُّ نَفْسٍ مَّا كَسَبَتْ وَهُمْ لَا يُظْلَمُونَ ﴿٢٨١﴾﴾ البقرة: ٢٨١

*[Saniin booda lubbuun hundinuu waan dalagdeen mindeeffamti, namni kamiyyuu hin miidhamu] (Al-Baqarah:28).*

﴿قُلْ أَغَيْرَ اللَّهِ أَبْغِي رَبًّا وَهُوَ رَبُّ كُلِّ شَيْءٍ ۚ وَلَا تَكْسِبُ كُلُّ نَفْسٍ إِلَّا عَلَيْهَا ۚ وَلَا تَزِرُ وَازِرَةٌ وِزْرَ
أُخْرَىٰ ۚ ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّكُم مَّرْجِعُكُمْ فَيُنَبِّئُكُم بِمَا كُنتُمْ فِيهِ تَخْتَلِفُونَ ﴿١٦٤﴾﴾ الأنعام: ١٦٤

*[Jedhiin (yaa Muhammad) ani Rabbii tokkicha malee Rabbii biraa barbaadaa, inni Rabbii waan hunda uumeeti. Lubbuun kamiyyuu waan dalagde irraa ni gaafatamti, cubbuu namni tokko dalageef kan biraa itti hin gaafatamu, sana booda isin hunduu gara Rabbii keessaniitti deebitu, Rabbiinis waan isin irratti waldhabdan isiniif hima] (Al-An'aam:164).*

﴿مَّنِ اهْتَدَىٰ فَإِنَّمَا يَهْتَدِي لِنَفْسِهِ ۖ وَمَن ضَلَّ فَإِنَّمَا يَضِلُّ عَلَيْهَا ۚ وَلَا تَزِرُ وَازِرَةٌ وِزْرَ أُخْرَىٰ ۗ وَمَا
كُنَّا مُعَذِّبِينَ حَتَّىٰ نَبْعَثَ رَسُولًا ﴿١٥﴾﴾ الإسراء: ١٥

*[Namni qajeele lubbuma isaatiif qajeele, namni jallates lubbuma ofiitti jallate. Badii namni tokko dalage inni biraa hin baatu, ummata kamiyyuu hanga ergamaa keenna isaanitti erginutti isaan hin adabnu] (Al-Israa: 15).*

Haqummaa fi itti gaafatamummaan hiikkaa waliif mararfannaa fi dhiifama walii godhuu hin faallessu. Amallan kun hunduu bu'uura amala ilma namaati. Amallan kun tooftaalee namni keessa isaa ittiin qulqulleessu keessaa isaan ijoodha. Dogongoraa fi cubbuun miira itti gaafatamummaa namaa waan tuqaniif gara Rabbiitti deebi'uu, isa irraa dhiifamaa fi araarama gaafachuuf nama gargaaru. Akkasumas mararfannaa fi dalagaa gaaritti nama kakaasti.

﴿ وَإِذَا جَآءَكَ ٱلَّذِينَ يُؤۡمِنُونَ بِـَٔايَٰتِنَا فَقُلۡ سَلَٰمٌ عَلَيۡكُمۡۖ كَتَبَ رَبُّكُمۡ عَلَىٰ نَفۡسِهِ ٱلرَّحۡمَةَۖ أَنَّهُۥ مَنۡ عَمِلَ مِنكُمۡ سُوٓءَۢا بِجَهَٰلَةٖ ثُمَّ تَابَ مِنۢ بَعۡدِهِۦ وَأَصۡلَحَ فَأَنَّهُۥ غَفُورٞ رَّحِيمٞ ٥٤ ﴾ الأنعام: ٥٤

*[Yoo warroonni keeyyatoota keennatti amanan sitti dhufan, nageenyi Rabbii isin irratti haa jiraatu jedhiin, Rabbiin isiniif rahmata godhuu of irratti fuudhee jira] (Al-An'aam:54).*

﴿ قَالَ كَذَٰلِكِ قَالَ رَبُّكِ هُوَ عَلَيَّ هَيِّنٞۖ وَلِنَجۡعَلَهُۥٓ ءَايَةٗ لِّلنَّاسِ وَرَحۡمَةٗ مِّنَّاۚ وَكَانَ أَمۡرٗا مَّقۡضِيّٗا ٢١ ﴾ مريم: ٢١

*[ (Malaa'ikichi Maryamiin dubbiin) akkuma ati jette sani jedheen (nama waliin qunnamtii saalaa hin raawwanne) garuu Rabbiin dhimmichi anaaf baay'ee salphaadha jedhe, Mallattoo (tokkochummaa Rabbii mul'isu) kan namatti ergame fi mararfannaa nurraa ta'e isa goona, (dhalachuu fi ergamuun Iisaa) dhimma dur murtaa'ee dhumate] (Maryam:21).*

﴿ إِنَّ فِي هَٰذَا لَبَلَٰغًا لِّقَوْمٍ عَٰبِدِينَ ﴿١٠٦﴾ وَمَآ أَرْسَلْنَٰكَ إِلَّا رَحْمَةً لِّلْعَٰلَمِينَ ﴿١٠٧﴾
الأنبياء: ١٠٦ - ١٠٧

*[Ibsa/yaadachiisa Qur'aanaa kana keessa namoota Rabbiin gabbaraniif gorsatu jira, Nuti akka ati addunyaa kanaaf mararfataa taatuufi malee waan biraatiif si hin ergine (yaa Muhammad)] (Al-Anbiyaa'u: 107).*

﴿ وَجَعَلْنَا فِي قُلُوبِ ٱلَّذِينَ ٱتَّبَعُوهُ رَأْفَةً وَرَحْمَةً ﴿٢٧﴾ ﴾ *الحديد: ٢٧*

*[Onnee namoota isa (Iisaa) hordofanii keessatti gara laafinaa fi waliif mararfannaa keessa keenne] (Al-Hadiid: 27).*

﴿ ثُمَّ كَانَ مِنَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَتَوَاصَوْا۟ بِٱلصَّبْرِ وَتَوَاصَوْا۟ بِٱلْمَرْحَمَةِ ﴿١٧﴾ ﴾ البلد: ١٧

*[Sana booda warroonni Rabbitti amanan, kan dhugaa jirtu waliif dhaaman fi kan mararfannaa waliif dhaaman jiru] (Al-Balad:17).*

﴿ وَٱلَّذِينَ إِذَا فَعَلُوا۟ فَٰحِشَةً أَوْ ظَلَمُوٓا۟ أَنفُسَهُمْ ذَكَرُوا۟ ٱللَّهَ فَٱسْتَغْفَرُوا۟ لِذُنُوبِهِمْ وَمَن يَغْفِرُ ٱلذُّنُوبَ إِلَّا ٱللَّهُ وَلَمْ يُصِرُّوا۟ عَلَىٰ مَا فَعَلُوا۟ وَهُمْ يَعْلَمُونَ ﴿١٣٥﴾ أُو۟لَٰٓئِكَ جَزَآؤُهُم مَّغْفِرَةٌ مِّن رَّبِّهِمْ وَجَنَّٰتٌ تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ خَٰلِدِينَ فِيهَا ۚ وَنِعْمَ أَجْرُ ٱلْعَٰمِلِينَ ﴿١٣٦﴾ ﴾ آل عمران: ١٣٥ - ١٣٦

Rabbiin mallattoolee warra isa sodaatanii yeroo tarreessu: *[Warroota yeroo badii wayii dalagan ykn cubbuudhaan lubbuu ofii miidhan, battalumatti Rabbii ofii yaadatanii cubbuu dalagan saniif araarama isa irra barbaadaniidha, Rabbiin malee eenuyyuu akka cubbuu dalaganiif dhiifama namaaf hin goone amananii jennaan, yoo Rabbitti fuula deebi'an Rabbiin isaanii dhiisaa beekanii jennaan cubbuu san irraa buqqa'an. Namoota*

*akkasii san mindaan isaanii araarama Rabbii isaanii irraa ta'ee fi Jannata isii jala laggeen yaatu kan hundee isii keessa jiraataniidha, mindaan warra gaarii dalagee waa tole] (Aala Imraan: 135-136).*

﴿ ۞ قُلْ يَٰعِبَادِىَ ٱلَّذِينَ أَسْرَفُوا۟ عَلَىٰٓ أَنفُسِهِمْ لَا تَقْنَطُوا۟ مِن رَّحْمَةِ ٱللَّهِ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ يَغْفِرُ ٱلذُّنُوبَ جَمِيعًا ۚ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلْغَفُورُ ٱلرَّحِيمُ ﴿٥٣﴾ ﴾ الزمر: ٥٣

*[Jedhiin (yaa Muhammad) yaa gabroottan tiyya tanneen lubbuu keessan miitan hoo! Rahmata/tola ooliinsa Rabbii irraa abdii hin kutatinaa, Rabbiin (nama isatti deebi'eef) cubbuu hundaa ni dhiisaaf, Rabbiin araaramaa fi kan namaaf mararfatuudha] (Azzumar:53).*

Dhiyeessii yaaddan armaan olitti dhiyaatee irraa wanti ifa namaaf galu, burqaan amantiileen lameenuu hundeen burqaa isaanii tokko ta'uu isaati. Wantoonni amantiileen kun irratti fuulleffatan tokko, galmaa fi kaayyoleen isaaniis tokko. Garuu amantiin Islaamaa ergaa isa dhumaa kan haqamiinsaa fi itti dabaliinsaaf hin saaxilamin waan ta'eef, ergaalee isa dura turan irraa adda.

Amantiin Islaamaa akkaataan qindeeffama ibsa isaa walgitaa, qoqqoodamiinsi isaa walmadaalaa, akkaataan inni waa itti dhiyeessu rog-qabeessa, yeroo waa namaaf ibsu gabaabsee bifa gadi bu'iinsa qabuun namaaf ibsa, mul'anni isaa ifa galaadha. Amallan amantii Islaamaa kun nama kamiyyuu kan mufachiisuu miti. Inumayyuu amala gaarii hariiroo jidduu amantii lamaanii jiru cimsu ta'uu qaba malee.

Dhugaa jiru ifa godhuun miira wal kabajuu, miira galmi deemaniif tokkummaawaa ta'e, miira wantoota irratti wal gitan

irratti waliin turuu nama keessatti uuma. Akkasumas miira irra waliif dabruu, waliin marii gaarii gaggeessuu, amallan nama bibbeessanii fi diinummaa nama jiddutti cimsan balaaleffachuu, wantoota gaggaarrii, dhugaa fi kaayyolee gaggaarii irratti waliin sosocho’uu nama jiddutti cimsa.